Galmee yakkamaa irra utuu jiranii sagalee kennuu

Galmeen yakkaamaa ta'uu keessanii, mirga Minnesota keessatti sagalee kennuu irratti dhiibbaa geggeessuu **not** hin danda'u, yoo Isteeta kamiin iyyuu keessatti, yeroo ammaa murtoo yakkaa isinitti murame jalatti argamuudhaan, yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa dhiheessuu (probation) ykn sharxii (parole) dabalatee tajajila kennuu irratti kan argamtan ta'e malee.

Yakkamaa ta'uu booda sagalee kennuu

Minnesota keessatti murtoo isin irratti darbe hundumaa erga raawwattaniin booda - sababa adaba yakkaa cimaa ta'een, kan yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa dhiheessitan (probation), sharxii (parole) ykn sirraa'uuf waadaa seenuudhaan mana hidhaatii baafamuu eegamaa jiraachuu (supervised release) dabalatee – Isteeta isa kam irraayyuu.

Turtii murtoo isin irratti darbee akkuma xumurtaniin, ykn "off paper," booda sagalee keessan kennuu dandeessu, garuu dursitanii galmaa'uutu isin barbaachisa. Guyyaan xumura galmee kan bara kanaa Guyyaa Galmee dursanii galmaa'uuf guyyaa filannoo dura torbanoota sadii dha. Yoo dursitanii kan hin galmoofne taatan then ammaan boodas buufata filannoo keessaniitti, ammas Guyyaa Filannoo irra galmaa'uu dandeessu.

Odeeffannoo galmeetiif ykn unka gaafannoo filannoo guutuuf **mnvotes.org** daawwadhaa.

Waa'ee haala seerawaa ta'uu (legal status) keessanii adda hin baafannee?

Yoo waa'ee galmee keessaniitiif gaaffii qabaattaniif, aangawaa pirobeeshinii / bakka bu'aa ykn karaa sarara bilbilaa 651-361-7200 Dipaartimentii Sirreeffamaa kan Minnesotaatiif bilbiluudhaan dipaartimentii galmee waliin haasa'uu dandeessu.

Filachuu nan danda'aa, yoo…

Yakka cimaa ykn gochaa gadhee ta'e kanan raawwadheenan himatame ykn yakka uumee jira ta'e?

Eeyyee

Mana hidhaa keessa jiraadhee, garuu yeroo ammaa adabni yakkaa cimaan natti murame hin jiru ta'e hoo?

Eeyyee

Yakkaan himatamee kan jiru ta'e, garuu hanga ammaatti natti hin murtoofne hoo?

Eeyyee

Yoo murtoon natti kennameera ta'e hoo?

Eeyyee

Murtoo yakka kiyyaa hundumaa Isteeta kan biraa keessatti kanan xumure ta'e hoo?

Eeyyee

Murtoo yakkaa anatti murtaa'e hundumaa, kan yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa itti dhiheessu (probation) ykn sharxii (parole) dabalatee kanan xumure ta'e hoo?

Eeyyee

Yeroo ammaa murtoo yakkaa anatti murame jalatti, kan yeroo yerootti qaama dhimmi isaa ilaallatuuf gabaasa itti dhiheessuu (probation) ykn sharxii (parole) dabalatee kanan argamu ta'e hoo?

LAKKII

Turtiin murtoo kan anatti laatame haqamuudhaan yeroo ammaa murtoo yakka cimmaaf tajaajila kennuu irratti kanan argamu ta'e hoo?

LAKKII

hennepin.us/elections

60-100-25-20